Oromo

Kardii yoroo qoomnii

Warri umriin isaanii waggaa 6 haga 18 ta'e yeroo qoomnii kan itti gargaaraman Kaardii Kronara 1000 argatu. Kaardiin yeroo qoomnii kun bilaasha kan kennamu yeroo ta'u bakka yeroo qoomnii itti dabarsan dhaabbataa ta'ee fi sochii qaamaa qindaa'aa dhiheessanitti itti fayyadamuun ni dandaa'ama.

Komunaan Lillehammer kardii yeroo qoomniii kanaaf kan filatamtee dha.Karoorri mootummmaa dha inni kun guutummaa biyyaatti akka hojii irra ooluu dha. Komunaan Lillehamer komunaa waarra kaan keessaa bakka itti inni kun akkamitti akka hojii irra oolu ilaalanii fi rakkoo inni qabaus bakka itti adeemsa keessa ilaalanii hiikaniidha. Yeroo yaalii kana booda waan tahu hin beeknu yoo ta'e iyyuu carraa daa'iomman Lillehamer yeroo yaalii kana keessa argatan kanatti ni gammadna.

Kaardiin yeroo qoomnii kun warra umrii jedhame kana keessa jiran hundumaafi. Baatii Hagayyaa keessa wari bara 2003 fi 2015 gidduu dhalatan hundi sochii qaamaa dhaabbataa fi qindeeffamaa ta'ef yeroo itti Kronara 1000 itti argatanii dha. Yeroo birraas immoo warri umrii jedhame kana keessa jiran hundii kaardii kennaa haaraa Kronara 1000 dabalaan ni argatu. Sochiin qaamaa sun baasiin isaa horii kenname kanaa oli ta'ee yoo argame haga tokko kaardii kennaa kanaan kafaltee isa hafe immoo ofii keetii itti guutta. Horii kana: waan kan biraaf itti gargaaramuun, maatiif dabarsanii kafaluun, arfaasaa gara birraatti dabarfachuun, yookiis obboleessa/obboleettii ofiif dabarsuun hin dandaa'amu. Daa'imni umrii jedhame kana gidduu jiru hundi kardii mataa isaatii ni argata.

Kardii yeroo qoomnii kana maal maalitti fayyadamuu akka dandeessu ilaaluuf gara lilllehammer.aktiv-fritid.no dhaqi. Horiin hagam akka kaardii sana irra jiruu, akkasumaas yeroo waraqaan kafaltii bakka sochii qaamaa dhabbataa ta'ee fi qinda'aa ta'e irra sitti dhufu, dhabni sun sagantaa kana keessatti hirmachuuf filatame yoo ta'e bakka itti ilaaltuu dha. Kan yoo dhaabatni sun sagantaa kana keessa hin jiru ta'ee, fritidskortet@lillehammer.kommune.no quunnamuudhaan akka isaan qooda keessa fudhatanii gaafadhu.

Yeroo galmeeffamtu akka afaaniitti bokmål filadhu-garuu erga galmeeffamtee itti seentee booda gara afaan nynorsk,infiliffa, somaalee fi arabatti tti jijjiruu ni dandeessa. Adeemsa keessa dirreen kun gara afaan kan biraattis ni hiikama ta'a. Bakka itti filannoo barreeffama guutuu yookin barreeffama salphaatti jijjiiruu dandeessuus, akkasumas bakka mallattoowwan soochiin qaamaa wanni sun of keessa qabu ilaaluu dandeessuu filatuu dha. Haa ta'u iyyuu malee odeeffannoo dhaabni gara garaa dhiheessan garuu afaanuma norsk tiin jira.

www.lillehammer.kommune.no/fritidskortet. irratti dabalataan waaee sagantaa kanaa dubbisi.

FRITIDS KORTET

LILLEHAMMER KOMMUNE